# سُورَةُ يسٓ
# Suuraa Yaasiin

*Dura dursoo suuran tun { suuratu yaasiin } je`amti

قبل كل شئ هذه هي سورة يس

* suuran tun {suuratuyaasiin} je'amti

هي سورة يس

*Isiin suuraa makkaati aayata {45} malee ,takkaa ta madiina'aati hundi isi'ii

وهي مكية الا الآية ( ٤٥ ) فهي مدنية

*Aayaanni isi'ii saddeettamii lama {82}

آياتها أثنان وثمانون ( ٨٥ )

*Lakkooysi isi'ii soddamii jaha {36 }

ترتيبها ( ٣٦ )

*Isiin eega suuraajinni'iitii buute

نزلت بعد سورة الجن

* Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

يسٓ ١

1}*Makgnaan Jecha{yaa siin} kana Rabbumaatu beekhaa , isiin tun suraa yaa siin jechu'u.

وَٱلْقُرْءَانِ ٱلْحَكِيمِ ٢

2}*Yaa ergamaa kiyya Muhammad, qur'aana hikamaa qabuun khakhadhee.

إِنَّكَ لَمِنَ ٱلْمُرْسَلِينَ ٣

3}*Ati warra ergamerraa tokko anbiyoonni si duraa dhufeenirra jirta tawhiida keessatti anbiyoonni hundi towhiida keessatti karaa tokkorra jiran sun Rabbii tokkichatti amanu'uu malaaykaa Rabbii dhugo'oomsu'.kitaabban isaa anbiyoota isaa ,guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomsuu ,kana keessatti anbiyoonni hundi aadamirraa qabee, hanga nabi Muhammaditti nageenyi isaanirratti haa jira atuu , wal hin dhabne wanni isaan keessatti wal dhaban , akkaataa ibaa da'aati, akkaataajiru'uuti, akkaataa salaataa, soomanaa, fuudhaa faa

عَلَىٰ صِرَٰطٍ مُّسْتَقِيمٍ ٤

4}*Ati karaa qajeelaadharraa jirta , karaa

تَنزِيلَ ٱلْعَزِيزِ ٱلرَّحِيمِ ٥

5} *Qur'aanni kun.waan Rabbiin jabaan , rahgmata qabu ,sirratti buuse.

لِتُنذِرَ قَوْمًا

*Akka qur'aana kana an ummata kee qajeelchituuf.

مَّآ أُنذِرَ ءَابَآؤُهُمْ

*Kan yaroo as dhiyo'oo keessatti , nam ni isaan qajeelchu,ittin ergamin, si dura umm-

anni sun araba yoo taate , nabi ismaa'iilii as ittin ergamne nama biraa yoo taate nabi iisa'aa as ittin ergamne , zamanni nabi Isrnaa'iiliifii nabi Muhammad yookaa nabi Iis a'aafii nabi Muhammadjidduujiru zamana {fatra'aati} je'ama. kan ergamootarraa qulla'aati jechu'u. duuba ummata ergaan Rabbii irraa cittetti nabi Muhammad ergame .

فَهُمْ غَٰفِلُونَ ٦

6}*Ummata towhgiida Rabbii wallaale kan karaa qajeelaa haqarraa baye , isaan towhgiida barsiisee qajeelchu'uuf nabi Muhammad ergame.

لَقَدْ حَقَّ ٱلْقَوْلُ

*Dubbiin muramtee jirti

عَلَىٰٓ أَكْثَرِهِمْ

*Irra hedduu namatti, zamana hunda akka irra hedduun nama dhiyana ibiddaa tayee, qixaaxamu firdiin Rabbii godhamtee jirtii,

فَهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ٧

7}*Warri azaabni itti murame abaduma hin amanu .

إِنَّا جَعَلْنَا فِىٓ أَعْنَٰقِهِمْ

*Nuti morma isaanitti hiinee jirra,

أَغْلَٰلًا

*Harka lamaan mormatti ol hiinee jirra,

فَهِىَ إِلَى ٱلْأَذْقَانِ

*Harki lamaan Iafee areedatti ol hidhamee jiraa.akka mataa isaanii gad je'uu dhoowwuf,

فَهُم مُّقْمَحُونَ ٨

**8}***Isaan mataan ol qaba' aati deeman , if jala gad laaIuu hin dandayanii. Makgnaan kanaa warri badiin itti muramte sun haqaa gad hin je'u, je'ullee hin dandayu Rabbiitu dhoowwee

وَجَعَلْنَا مِنۢ بَيْنِ أَيْدِيهِمْ

* lara san fuula duree isaanitti , ,

سَدًّا

*Dallaya jaarree,

وَمِنْ خَلْفِهِمْ سَدًّا

*Duubbee isaanittis dallayajaarree

فَأَغْشَيْنَٰهُمْ

*Ija isaanii hagooynee,

فَهُمْ لَا يُبْصِرُونَ ٩

9}*Isaan waa takkan argan, isaan haqan argan jechu'.odoo laalchatti, nama ija qabu tayanille'ee .

وَسَوَآءٌ عَلَيْهِمْ ءَأَنذَرْتَهُمْ

* Iara Rabbiin akkasitti karaa itti cufe san, dinniinu'uufii yookaa gorsitee sodaachisu'uufii

أَمْ لَمْ تُنذِرْهُمْ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿١٠﴾

**10}** *Dinniinuu dhabuun kee yookaa gorsuu dhabuun kee isaanitti wal qixaa hin amanan, nama Rabbiin jallise namni qajeelchuu dandayuu hinjiru .

إِنَّمَا تُنذِرُ مَنِ اتَّبَعَ الذِّكْرَ

*Namni ati dinniintee yookaa gorsitee , gorsi kee isa fayyadu, nama qur'aana jala deemu itti amanee,

وَخَشِيَ الرَّحْمَٰنَ بِالْغَيْبِ

*Rabbi sodaatee waan inni dhiisi je'een dhiisee,waan inni dalagi je'een dalagu ,qixaaxa Rabbii soda'aaf kanuma ijaan hin argin fago'otti odumaan sodaatee amanu.

فَبَشِّرْهُ بِمَغْفِرَةٍ

*Nama qur'aana jala deemee Rabbi sodaatu san, araarama Rabbiitin gammachiisi .

وَأَجْرٍ كَرِيمٍ ﴿١١﴾

11} * Ammallee sawaaba gaari'iin jannata Rabbiin isaanii kennuun isaan gammachiisi.

إِنَّا نَحْنُ نُحْيِ الْمَوْتَىٰ

*Nuti gaafa qiyaaman geese, nama du`ee qabrii jim hunda jiraachifnee dirree qiyaama'aa geessina, waan isaan addunya'atti dalaganirraa isaan gaafannee, kan gaarii dalageef jannata kenninee kan hamtuu dalage azaaba geessu'uuf ,

وَنَكْتُبُ مَا قَدَّمُوا

*Waan isaan addunyaarratti dalaganii dabarsan hunda kitaaba dalagaa namaa keessatti katabnee keenya irraa isaan gaafatu'uuf,

وَآثَارَهُمْ

*Waan isaan karaa gcdhanii. eega isaan dabranii isaanirraa hafee, namni itti dalages ni katabna hamtuu taatuu , toltuu taatuu, faanti gaarin namarraa haftee Rabbiin sawaaba isi'ii hanga guyyaa qiyaama'atti katabu sun akka waa nama barsiisu'uuti, akka kitaaba allafu'uu yookaa barreessu'uu, akka muka midhaanii dhaabu'uu, akka Rabbii je'anii waa waqqafu'uu takkaa kennu'uu, akka masjida jaaru'uu ,akka ilmoo mu'mina dhisu'uuti, ammoo faanti hamtuun: waan akka bid kgaa hamtu'uu waanuma islaama miidhu,kan ummata islaamaa miidhu kan inni jalqabe, kan namni isa jala deemee dalage mara .. nama waan hamtuu karaa godhee du'e diliin waan saniitifii diliin nama waan ham tuu inni karaa godhe san dalagee hanga guyyaa qiyaama'atti isarratti katabamti kan diliin nama dagerraa hin ir'anne akkuma namni

waan gaarii karaa godhe sawaabni nama waan san dalagee hanga guyyaa qiyama'atti isaaf deemu, kan sawaabni nama dalagerraa hin ir'anne .

وَكُلَّ شَيۡءٍ أَحۡصَيۡنَٰهُ *Nuti waa hunda katabnee jirra ,

فِيٓ إِمَامٖ *Kitaaba lowhgalmahgfuuz je'amu keessatti. waa hunda ibsu keessatti

مُّبِينٖ ١٢ 12}*Kitaaba waa hunda ibsu keessatti katabamtee

وَٱضۡرِبۡ لَهُم مَّثَلًا أَصۡحَٰبَ ٱلۡقَرۡيَةِ *Yaa ergamaa kiyya Muhammad, warra kijibsiisuf,qissaa ganda tokkoo kan{anxaakiyaa} je'amuu odeessi, haa gorfamaniinii, gandi anxaakiya'aa kun biyya ruum tan amma naannoo suuriya'aafii turkiyaadhaajirtu Keessa jira .

إِذۡ جَآءَهَا ٱلۡمُرۡسَلُونَ ١٣ 13}*Kan ganda san ergamoonni sadii kan nabi kgiisan erge dhufe maqaan isaanii {saadiqiifii, masduuqifii, shamkguuni}

إِذۡ أَرۡسَلۡنَآ إِلَيۡهِمُ ٱثۡنَيۡنِ *Gaafa jara lama ganda sanitti erginee {saadiqiifii,masduuq erginee}

فَكَذَّبُوهُمَا *Duuba warri ganda sanii jara lamaan san kijibsiisan,kanuma karaamaa hedduu irraa argan waan gandi sun warra taboota, asnaama ,yookaa muka ibaaduu tayeef,

فَعَزَّزۡنَا بِثَالِثٖ *Duuba nama sadeessa'aa erginee, inni shamkguun je'amaa jara lamaan jabeessine

فَقَالُوٓاْ إِنَّآ إِلَيۡكُم مُّرۡسَلُونَ ١٤ 14} *Erginee jabeessinaan,jarri sadeen wanni warra ganda saniitin je'an: nuti nabi kgiisa'arraa isinitti ergamne diinaa Rabbitti isin yaamu'uu jechaa, sanama gabbaruu dhiisa'aa,Rabbii tokkicha, fakkaataan qabne, kan isiniifii sanamallee uume ibaadaa, diin kun ,diin Rabbiin kitaaba buusee nabi kgiisaa barsiisee je'aniin .

قَالُواْ مَآ أَنتُمۡ إِلَّا بَشَرٞ مِّثۡلُنَا *Jennaanin isin ergamoota Rabbii tayuu hin dandeessan,isin waan biraatii mitii, namuma akka keenyatii,akkamiin nu keessaa Rabbiin nutti isin erga?,

وَمَآ أَنزَلَ ٱلرَّحۡمَٰنُ مِن شَيۡءٍ *Rabbiin waa takka hin buufnee, waa takka hin erginee,

إِنۡ أَنتُمۡ إِلَّا تَكۡذِبُونَ ١٥ 15} *lnuma isin waan biraatii mitii warra nuti ergamoota je'ee kijibu je'aniin.

| | |
|---|---|
| 16}*Jennaanin ergamoonni wanni je'een Rabbiin keenya ni beekhaa nuti nama isinitti ergame. | قَالُواْ رَبُّنَا يَعۡلَمُ إِنَّآ إِلَيۡكُمۡ لَمُرۡسَلُونَ ١٦ |
| 17}*Nuti wanni nurrattijiru diin dirree baafnee ,ragaa mul'ata'aan isinitti geessuu ragaan keenya mul'ataan nama ija malee dhalateef ,fedhii Rabbiitin ija banuu, dhukkubsataa fay isu'uu, nama du'e kaasuu je'aniin | وَمَا عَلَيۡنَآ إِلَّا ٱلۡبَلَٰغُ ٱلۡمُبِينُ ١٧ |
| * Jennaanin warri ganda yookaa biyya sanii akki je'an : | قَالُوٓاْ |
| *Nuti isiniin hoodanne isintu nutti farrise isin as dhufuun kun faana nutti hin toIle, sababaa keessaniif roobni bara sadii nurraa citee, | إِنَّا تَطَيَّرۡنَا بِكُمۡۖ |
| *Wallaahii yoo waan nuun jettan rabbi tokkicha gabbaraa nuun jettan kana dhiisuu baattan , | لَئِن لَّمۡ تَنتَهُواْ |
| *Dhaga'aan isin darbannaa beekaa, | لَنَرۡجُمَنَّكُمۡ |
| **18** *Yoo diddanii itti fuftan azaaba isin laalessuutu ,nurraa isin tuqaa beekaa je'aniin . | وَلَيَمَسَّنَّكُم مِّنَّا عَذَابٌ أَلِيمٞ ١٨ |
| * Jennaanin ergamoonni warra biyya saniitin akki je'an , | قَالُواْ |
| *Farri keessan . | طَٰٓئِرُكُم |
| *Isiniin wajji jira kan sababaa isin kafartaniif ,roobni isinirraa cite,sababaa keenyafii mitii , | مَّعَكُمۡۚ |
| *Si nuti isin gorsinee haqa isin yaadachisi'uuf, karaa Rabbii keessanitti isin yaamuu kanaaf nutti farriftan nuun jettanii? nu qixaaxu'uuf, dhaga'aan nu tumu'uuf nuu khakhattanii?, | أَئِن ذُكِّرۡتُمۚ |
| 19}*Dubbiin waa akkasii mitii wanni akkas isin jechisiise.isintu warra kafra'uun dilii keessa wasanaa baye , je'aniin | بَلۡ أَنتُمۡ قَوۡمٞ مُّسۡرِفُونَ ١٩ |
| *Namichi tokko kan { habiibinnajjaar } je'amu,kan ergamoota sanitti amanee jiru ,kan | وَجَآءَ مِنۡ أَقۡصَا ٱلۡمَدِينَةِ رَجُلٞ يَسۡعَىٰ |

manni isaa mandara san gama achi aanun jiru ,hoggaa warri biyya sanii ergamoota miidhu'utti jiran jechaa dhagayu ceya'aati dhufee ,

قَالَ يَٰقَوۡمِ ٱتَّبِعُواْ ٱلۡمُرۡسَلِينَ ٢٠

**20** }*Yaa ummata kiyya ergamoota kana jala deemaa, waan isaan itti isin yaarnan qeebalaa ,

ٱتَّبِعُواْ مَن لَّا يَسۡـَٔلُكُمۡ أَجۡرًا

*Nama waan Ism barsiisurratti mindaa darnooza is in hin kadhanne warra dhuga'aa jala deemaa ,

وَهُم مُّهۡتَدُونَ ٢١

**21}***Isaan warra qajeelee isinis isaan jala deemaaa qajeelaa, je'een, Jennaanin ati diinaa isaanirraa jirtaa isaanitti amanteeti Rabbii tokkicha isaan je'an gabbartaa? je'aniin jennaanin .

وَمَا لِيَ لَآ أَعۡبُدُ ٱلَّذِي فَطَرَنِي

*Silaa maali? Wanni Rabbii na uume ibaaduu yookaa gabbaruu na dhoowwu kan akkuma na uume isinillee uume ,

وَإِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٢٢

**22}** *Kan isin duutanii gara isaa guyyaa boruu deebitan akkuman an gara isaa deebi'u, kan gaafa duutanii gara isaa deebitan waan dalaydan hundarraa isin gaafatu, Rabbii san ibaaduu wanni na dhoowwu hin jiru

ءَأَتَّخِذُ مِن دُونِهِۦٓ ءَالِهَةً

*Si akkamittan mee Rabbii achitti asnaama taabota hin dhageenye, hin garre, hin fayyanne ,kan nama isa gabbareef waa takka hin tarre Rabbi godhee ibaada yookaa gabbara ? .

إِن يُرِدۡنِ ٱلرَّحۡمَٰنُ بِضُرّٖ

*Asnaamni xiqqeenya isaa keessa, yoo Rabbiin balaa, yookaa dararaa natti buusuu fidhe ,

لَّا تُغۡنِ عَنِّي شَفَٰعَتُهُمۡ شَيۡـًٔا

*Shafaa'an asnaarna sanii waa takka nan fayyaddu,yoo araara naa barbaadde akka isin nama shafaatii seetanitti shafaa'an sanama sanii, waa takka nan gootu, silaa dhagaan hin dhageenye hin fayyanne hin shafaane akkamitti naa tala?,

وَلَا يُنقِذُونِ ٢٣

**23**}* Asnaamni, taabonni sun azaaba Rabbii jalaa na baasuu hin dandayan, tanaaf jecha an Rabbii na uume dhiisee waan inni

uume Rabbin godhu.

إِنِّيٓ إِذٗا

*An yoon waan Rabbin tayin Rabbi godhe yookaa gabbare,

لَّفِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٍ ٢٤

24}*Jallina rnul'ataa keessanjira.

إِنِّيٓ ءَامَنتُ بِرَبِّكُمۡ فَٱسۡمَعُونِ ٢٥

25}*Dhagayaa an Rabbii keessanitti amane,diin isaa qabadhe je'een,hoggaa san dhaga'aan tumanii miilan irra deemanii ajjeessan.

قِيلَ ٱدۡخُلِ ٱلۡجَنَّةَۖ

*Hoggaa inni du'u wanni isaan je`ame jannata seeni, yaanni biraa gariin akki je'u : hoggaa isaan ajjeessu'uu itti ori'an Rabbiin isaan jiddu'uu baasee isaa jim jannata seensise

قَالَ

*Wanni namichi sun hoggaa jannata seenu je'e :

يَٰلَيۡتَ قَوۡمِي يَعۡلَمُونَ ٢٦ بِمَا غَفَرَ لِي رَبِّي

26}*Way ummanni kiyya cdoo araarama Rabbiin naaf araarame beekhanii odoo waanin an jannata kana argadheen beekhanii silaa amananiiti wa anan an argadhe kana, argatan, Rabbiin waanan an towbadhee waanan diinaa isaa qabadheefnaaf araaramee.

وَجَعَلَنِي مِنَ ٱلۡمُكۡرَمِينَ ٢٧

27} * Jannata na seensisee warra guddi farnerraa na gcdhe,

۞وَمَآ أَنزَلۡنَا عَلَىٰ قَوۡمِهِۦ مِنۢ بَعۡدِهِۦ مِن جُندٖ مِّنَ ٱلسَّمَآءِ

*Ummata qaalicha sanii.balleessuuf eega inni du' ee balleessu'uf eega inni du'ee takkaa jiddu'uu fuudhamee isaan balleessu'uuf, ashkara malaayka'aa sarni'ii hin buufne

وَمَا كُنَّا مُنزِلِينَ ٢٨

**28}***Nuti nama ummata durirraa Rabbitti balleesse fixu'uuf.takkaa ashkara sami'ii hin buufne, isaan fixu'uuf ashkarri malaayka'aa sami'ii bu'utti hin haajamnu

إِن كَانَتۡ إِلَّا صَيۡحَةٗ وَٰحِدَةٗ

*Qixaan'i warra rabbitti balleessee, waan biraatii rnitii iyyansuma, tokko, kan jibriil itti iyyu malee, iyyansa tokkicha san hoggaa jibriil itti iyyu,

فَإِذَا هُمْ خَامِدُونَ ﴿٢٩﴾

29} *Ummanni qaalicha sanii hundi dhabameeti akka ibidda dhaametti dhuman cal'isanii.

يَا حَسْرَةً عَلَى الْعِبَادِ

*Yaa badii orma kutfaaraa ! kan ergamoota rabbii kijibsiisanii balaan itti buute isaan,

مَا يَأْتِيهِمْ مِنْ رَسُولٍ

*Ergamumti tokko, itti dhufee,

إِلَّا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزِئُونَ ﴿٣٠﴾

30}*Xiqqeessuu hin oolle .isa kijibsiisu'uun , ajjeessu'uun .

أَلَمْ يَرَوْا كَمْ أَهْلَكْنَا قَبْلَهُمْ مِنَ الْقُرُونِ

*Si warri kafaru ,kan nabi Muhammad kijibsiisu hin beynee,ummata hedduu isaan dura dabre ,kan isaan ergamoota keenya, kan isaanitti ergine kijibsiifnan lafarraa fin'e? beekhan jechu'u .

أَنَّهُمْ إِلَيْهِمْ لَا يَرْجِعُونَ ﴿٣١﴾

**31** } * Akka warri sababaa ergamoota keenya kijibsiisuuutif dhuman sun addunya'atti hin deebinee? hin beynee. Duuba kan kana beekan maalif gorfamanii rabbitti kafaruu ,anbiyoota kijibsiisuu, hin dhiifue ?

وَإِنْ كُلٌّ لَمَّا جَمِيعٌ لَدَيْنَا مُحْضَرُونَ ﴿٣٢﴾

32}*Khalqiin wanni uumame hundi, ummanni dabreefii ,kan dhufulleen , hundinuu, guyyaa qiyaama'aa mana murtii rabbirraa fidaman. gaafatamu'uuf. Tokkolleen kan achi dhufu malee hin taane , jechu' eega qabri'ii kaafamanii, jiraach ifamanii.

وَآيَةٌ لَهُمُ

* Akka rabbiin qabri'ii nama kaasu wanni ragaa rnul'ataa namaaf tayu :

الْأَرْضُ الْمَيْتَةُ

*Dachii bishaan dhabdee, goggoydee, duutee ,waa magarsuu dhiifte. duuti dachi'ii goggo'uu.

أَحْيَيْنَاهَا

*Duuba dachii duute san jiraachifne .dachiin rooban jiraattii, hoggaa rooba argatte jiraatteti sossooteti ida'amtee mayra adda addaa magarsiti .

وَأَخْرَجْنَا مِنْهَا حَبًّا

*Duuba dachii sanirraa midhaan baafna , midhaan akka qamadi'ii. mishinga'aa, xaafi'ii

فَمِنْهُ يَأْكُلُونَ ﴿٣٣﴾

33}*Isaan, midhaan dachiin duutee, jiraattee, dhalte sanirraa bayu nyaatan .

| | |
|---|---|
| *Akkasuma masnoo timiraatifii, inabaa, dachii keessatti yookaa lafarratti isaanii uumnee jirra . | وَجَعَلْنَا فِيهَا جَنَّٰتٍ مِّن نَّخِيلٍ وَأَعْنَٰبٍ |
| 34} *Kan masnoota san keessa ija bishaanii yaafne. Yookaa burqisiifue . | وَفَجَّرْنَا فِيهَا مِنَ ٱلْعُيُونِ ﴿٣٤﴾ |
| *Akka midhaan timiraatifii kaanille'ee nyataniif. | لِيَأْكُلُوا۟ مِن ثَمَرِهِۦ |
| *Midhaan san harki isaanii hin tolchine. Hin uumnee, nuutu isaanif uume jechu', takkaa makgnaan isaa waan harki isaanii dalagurraa nyaatan jechu'uu . | وَمَا عَمِلَتْهُ أَيْدِيهِمْ |
| 35} *Si rabbiif waan isaanii kennerratti galata hin galchanii ? | أَفَلَا يَشْكُرُونَ ﴿٣٥﴾ |
| *Rabbiin waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye | سُبْحَٰنَ |
| * Kan waan adda addaa tan gosa gosaa hunda uume. | ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلْأَزْوَٰجَ كُلَّهَا |
| *Midhaan dachiin gosa adda addaa magarsiturraa. | مِمَّا تُنۢبِتُ ٱلْأَرْضُ |
| *Ammallee lubbuu isaanirraayis gosa lama dhala'aa dhiira uume . | وَمِنْ أَنفُسِهِمْ |
| 36}*Ammallee waan isaan hin beynerraa | وَمِمَّا لَا يَعْلَمُونَ ﴿٣٦﴾ |

waan ajaaibaa.kan samii keessa jiru kan dachii jala jim waan isin ijaan hin garre uume, sun hundi ragaa tokkummaa rabbiitifii dandeytii isaati, nuu hima takkaayuu isaan agarsiisa,

| | |
|---|---|
| * Ammas ragaa mul'ataa, humna waaqaa guddoo, isaan garsiisurraa tokko : | وَءَايَةٌ لَّهُمُ |
| *Halkani. | ٱلَّيْلُ |
| *Kan guyyaa irraa baafuu, ifa irraa deemsifuee. | نَسْلَخُ مِنْهُ ٱلنَّهَارَ |
| 37}*Duuba hoggaa, guyyaa akka gogaa re'erraa fuudhaa re`erraa fuudhanitti halka- | فَإِذَا هُم مُّظْلِمُونَ ﴿٣٧﴾ |

nirraa fuune, takkaa ifaa irraa deemsifne ,dukkanatti seenan, guyyaan halkaniif, akka huccu'uuti, dukk ana halkanii guyya'aatu hagooga. Duuba hoggaa guyyaan irraa fuudharne halkan mul'ate, dukkanti isaa mul'attee. namni dukkana seene. Hal kan dukkanaan wajji guyyaa dura argamee, guyyaan isa boodaa .

وَٱلشَّمۡسُ تَجۡرِي
* Aduun dandeytii rabbiitin, karaa yookaa falka faaga isi'ii keessa deemti. kan irraan mayn'e.

لِمُسۡتَقَرّٖ لَّهَاۚ
* Aduun, bakka isi'ii gayu 'uuf deemti za-mana isiin keessa dhaabbattu waytii isiin itti dhumtu gayu'uuf deemti .sun guyyaa qiyaama'aatii. kan addunyaan jiydee, yookaa digamtee , dhumtu. Bakkeen aduun itti deemtu lama:

**Takka:** bakka arshii jalajirtutti susujuudu'uufi. kan hoggaa achitti sujuudde deemtee dabruu iznii isinii isi'ii godhan. akkasitti deebitee baate, ammoo guyyaa qiyaama'aa, hoggaa sujuudu'uu,dhufte iznii isiidhaf hin godhamtu if duuba deebiti sun alaaman qiyaaman dhaabbatu'uuti.

Lammaffaan: bakkeen yookaa garri isiin itti deemtu, waytii amni isi'ii, itti dhumu. sun guyyaa qiyaama'aatii. amni isi'ii kan eega uumamtee deemtu, guyyaa qiyaama'atti dhuma, kan amni isi'ii dhaabbatee, sosso'insi isi'ii cal'isu. kan aduun maramtee addunyaan achitti dhumtu.

Aduun hoggaa deemtu biyya takkaaf baya'aa, biyya takkarraa dhokhata'aati deemti, biyya garii, keessatti guyyaan dheeraa, biyya gari'itti ni gabaabbata. hanga gabaabbatuu keessa halkan saa'aa takka tayutti, kan eegasii aduun baatu. akkasuma biyya gari'itti halkantu dheerata, hanga aduun s aa'aa takka faa teessee seentutti. gaafas salaatafii soomanaaf, jarri biyya sanii, waytii biyya isaanitti dhiyaattutti likkeeffatan .

ذَٰلِكَ
*Aduun akkasitti deemun.

تَقۡدِيرُ ٱلۡعَزِيزِ
*Dalagaa rabbii jaba'aati

ٱلۡعَلِيمِ ﴿٣٨﴾
38} *Kan waan hunda beekhu .

وَٱلۡقَمَرَ قَدَّرۡنَٰهُ مَنَازِلَ
*Ji'aaf hoggaa deemu , bakka qubatu likk-eessineejirra akka lakkoysi baatii beekkamuufjecha.bakkeenjiini qubatu bakka diiddamii saddeeti. halkan diiddamii saddeet keessatti, halkan hunda bakka takka bula. kan bakka sanirraan hin tarkaanfanne.kan achi buluu hin oolle jechu' .duuba hoggaa halkan boodaa gaye. qal'ateeti goobaya, takkaa akka gooba'oo taya. takkaa idda'aa taya,

حَتَّىٰ عَادَ كَٱلۡعُرۡجُونِ ٱلۡقَدِيمِ ﴿٣٩﴾
39}*Hanga urjuun dulloome fakkaatutti

{urjuun }jechuun : {qubbeen} gur'uu timirraati kan goggogee daalach aayee, jallatu, jiini, akkan reefu je'e: baatii beysisu'uufi godharne. Akkurna aduun halkaniifii guyyaa beysisu'uu godharnte. arnna isaan Iamaanii, rabbiin wal dabarse.aduun guyyaa hunda baatee dhiiti. bakka baatunir raa bonaa ganna siyxi . akkuma bakka lixxuunirraa siyxu, aduun bakka kalee baaten yookaa seenten ,

ar'a baatee hin seentu,irraa siyxi malee, Sa nii jecha halkan dheeratee guyyaan gabaabbata, akkuma gaafin guyyaan dheeratee halkan gabaabbatu. Aduun urjii guyya'aati je'arnti, ammoo, jiini, bakka bulu qabaa, baati'irraa halkan duraati baya isaa xiqqa'aa. kan ifaan isaa xi qqa'aa, kan ida'arnaadhaa deernu. kan halkan kudha afrey so'oo guutamu. kan eegasii ir'ata'aa deemu hanga deernee gur'uu timiraa tan goggoydee jallatte, fakkaatutti {urjuun} darnee gur'uu timiraa ke essajirtuu. ammas baatii taanis akkasumatti deebi'ee deerna .

لَا ٱلشَّمۡسُ يَنۢبَغِي لَهَآ أَن تُدۡرِكَ ٱلۡقَمَرَ

*Oduun ceetee ji'a dhaqqabdee bakka inni qubatu qubattee ifaa isaa irraa deernsisuu hin qabdu, hundinuu bakka isatti mooti'ii, Hoggaa halkan jiine baye aduun hin ibsitu akkuma jiini hoggaa aduun baate hin ibsine, silaa odoo aduun halkan keessa ji'a dhaqqabdee baate zamanni hundi guyyaa tayaa .

وَلَا ٱلَّيۡلُ سَابِقُ ٱلنَّهَارِۚ

*Halkanis guyyaa dura hin dabru zuhrii faa dhufee hanga dhaqqabee ifni irraa deernee waytiin halkan taatutti hundinuu waytii isaa keessa dhufa.takka makgnaan isaa jiini aduu dura hin dabru jechu' .

وَكُلٌّ فِي فَلَكٍ يَسۡبَحُونَ ٤٠

40} * AduunJiini,urjiin hundi isaanii falaka yookaa karaa samiidhaa keessa akka namni bishaan daakhu deemutti deeman, haatayuuu jiini falkaa yookaa daawwara isaa keessa, baatii takkatti dabra, ammoo aduun bara yookaa amata tokkotti falka isi'ii dab arti . ji'aatu irraa ceya. tanaaf jecha aduun , ji'a hin dhaqqabdu. Ammoo jiini aduu dhaqqabuun ni mijjaayaa haa tayuu irree ittin qabu.

وَءَايَةٞ لَّهُمۡ

*Wanni dandeytii teenyarratti ragaa isaanif tayu:

أَنَّا حَمَلۡنَا ذُرِّيَّتَهُمۡ فِي ٱلۡفُلۡكِ ٱلۡمَشۡحُونِ ٤١

41}*Nuti abbootii isaanii doonii guutamtuu yaabbamtuu yaabbachiifnee bishaan addunyaa guute kan gaarotii addunya'aa liqimse, jalaa nagayaa baafne. Doonin sun tan nabi nuuhg jaaree bakka sadiyitti qoode. doanii gama jalaa bineensafii waan xixiqqao lafarra yaatu, dhiiraa dhala'aan gasa hundarraa fuudhee, guute. Am moo ta jiddu'uu hori'iifii waan horii fakkaatatiin dhala'aa dhiiran gosa hundarraa fuudhee yaabbachiisee. Guute. ammoo doonii gama gubba'aa namaafii shimbirroo yaabbachiisee, guutee. doonii san,eega isaan yaabbatanii bishaan dachi'ii burqee sami'ii dhangala'ee, addunyaa guute, ol fuudhee.baatii jaha bishaan gubbaa teessee, bishaan dhaabbatee ,lafti goggoynaan ,doonin lafa buutee [1]namaafii bineensi doanii san keessatti najaa baye, namaafii bineensa amma addunyaa tanarra faca'e jiruuf haadha abbaa.

وَخَلَقْنَا لَهُم مِّن مِّثْلِهِ مَا يَرْكَبُونَ ﴿٤٢﴾

42} * Gabroottan keenya humnee jirra waan isaan yaabbatan kan akka doonii {nuuhg} sun waan isaan aylii ra bbiin isaanii kenneen, safiinaa nuuhgirratti la-allatanii, tolchanii, tan bahara keessan deem an tan safiinaa nuuhgirraa gugur-do'oo, yaokaa xixiqqo'oo tayuu, tan lafarraan deeman tan akka gaalaa konkola-laata'aa tayuutan samii keessan deeman tan akka barara'aa tayuu , hunda rab-bumaatu uume aylii namaa kenneen mukaafii sibiilafii qilleensafii bishaan, banzeena, ibidda, inni uumin. waan yaabbatan keessaa wanni namni keessaa qabu dalaga' waan rabbiin uume walitti qabu'.akka nabi nuuhg, mukaafii mis-maara wal itti qabee doonii dura dursoo namni yaabbatee

وَإِن نَّشَأْ نُغْرِقْهُمْ

*Odaa feenee,warra doonii yaabbate san dconii isaanitti qilleensa hamaa ergineeti garaan galchinee,bishaan nyaachifnaa,

فَلَا صَرِيخَ لَهُمْ

*namni isaanii dirmatee nagaya isaan ba-asu, hin j iru

وَلَا هُمْ يُنقَذُونَ ﴿٤٣﴾

43}*Isaan balaa sanirraa nagaya hin ba-afaman.

إِلَّا رَحْمَةً مِّنَّا

*Nuutu rahgmata isaanii godhee nagaya isaan baase malee

وَمَتَاعًا إِلَىٰ حِينٍ ﴿٤٤﴾

**44}***Hanga umriin isaanii katabne , dhumtu isaan qananiisu'uu jecha.tanaaf jecha namni waan rabbiin isaaf uume yaabbate bahara keessa tayuu, samii keessa tayuu, dagamee,rabbii isaa irraanfatuu dhabuu, rabbiin odoo rahgmata isaaf godhuu baatee, xagaara juudiyyi jearnu gubbaa teesse . inni biyya iraaq keessa yyaa-ran , inni qilleensa rabbiitin qilleensa isaa keessa bararu. Baaburri, yookaa markabni inni yaabbatu, garaan galaa wanni isa baasun hinjiruu. ni bada. Ta-naaf jecha namni hogguma takka rabbii isarra duroomuu yaa du, ayliin qabu, mee eenyumaatu qilleensa rabbirraan durooma je'a? bishaan keessan yookaa gubba'aan deeme tolchetti.kan sababaa saniin bishaan jalaa bayan.isaafii wa-rri isaan wajji yaabbate. namaafii bineensiIleen.

وَإِذَا قِيلَ لَهُمُ اتَّقُوا مَا بَيْنَ أَيْدِيكُمْ

*Hoggaa orma kuffaaraa, warra rabbin be-ynen, azaaba addunya'aa balaa rabbiin isi-nitti buusu sodaadhaa amanaa,

وَمَا خَلْفَكُمْ

* Ammallee azaaba aakhira'aa sodadha'aa amanaa.

لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿٤٥﴾

45}*Akka rahgmata rabbii addunyaaa aakhiraatti argattan.je'aniin.ni didan . kufrii isaanii itti fufan odoo ragaan iimaanaa isa-anii mul'atee jiruu,

وَمَا تَأۡتِيهِم مِّنۡ ءَايَةٖ مِّنۡ ءَايَٰتِ رَبِّهِمۡ

*Mukgjizaan rabbii isaanii, tan iimaanatti isaan yaamtu takkalleen isaanii hin dhuftu hin argan .

إِلَّا كَانُواْ عَنۡهَا مُعۡرِضِينَ ٤٦

46}*Yoo kanneen qeebaluu didan tayan malee mukgjizaa takkallee hin qeebalanii ni kijibsiisanii. jechu' .mukgjizaa rabbiin buuse tan akka qur'aanaa taatuu, mukgjizaa waan rabbiin uume tan uumaa namaa, uumaa dachi'ii sami'ii uumaa waan isaan la maan keessatti uumee, keessaa namaa mul'atu tayuu, hin qeebalanii hin gorfamaniinii irraa gara galan .

وَإِذَا قِيلَ لَهُمۡ

*Yoonif gorsaaf jecha, orma kuffaaratiin je'arne ,

أَنفِقُواْ مِمَّا رَزَقَكُمُ ٱللَّهُ

*Horii rabbii isinii kennerraa warra waan qabneef waa kenne'aa gargaaraa hoggaa ormi mu'minaaje'een

قَالَ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ لِلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ

*Warri dubbii rabbii didu warra rabbitti amaneen akki je'u:

أَنُطۡعِمُ مَن لَّوۡ يَشَآءُ ٱللَّهُ أَطۡعَمَهُۥٓ

*Si,nama rabbiin isin jettan odoo fedhe horii kenneefii nyaachisu'uuf.horii keenya kenninaa.nama Rabbiin hiyyoomse, nuti duroornsinaa je'an, kuffaarri gaafasii, hoggaa namni waan qabne itti dhaqee waa naa kenni je'een deemii rabbii kee kadhadhu isaatu nurraa siif caalaa. duuba inninuu si dhowwatee akkamiin nuti siif kenninaa je'aniin, ormi kuffaaraa sun qishna'aaf akkas je'an malee ,rabbiitu jiraa hin yaadan, tanaaf jecha: akka rabbiin nama garii, galata naa galcheeti nama waan qabne, gargaaraa la alu'uuf,horii isaaf kennu, akka nama garii,ni obsamoo hin obsuu laalu'uuf, hiyyoomsu hin beekhan. Akka rabbiin abalu yoo duroome ni qajeelaa, abalu yoo duroome ni jallataa, abalu yoo hiyyoome ni qajeelaa, abalu yoo hiyyoome ni jallataa beekhee, namuufuu waan isaaf tolu qoode hin beekhan . akka warri waan qabne, sinqii warra waa qabuu , gara aakhira'aa ba'atan, akka warri waa qabu yoo horii isaa gara aakhira'aa dabarfatuu fedhe, nama waan qabnee asitti kenne sawaaba waan kenne aakhira'atti fudhatu akka namni waan rabbiin isaa kenne mi'aa arguun. yoo namni waan san hin qabne naannoo isaa jiraate taye. hin beekhu ormi kuffaaraa. silaa odoo be ekhee namni waan qabne haqa narraa qabaa beekee gargaaraa .

إِنۡ أَنتُمۡ إِلَّا فِي ضَلَٰلٖ مُّبِينٖ ٤٧

47}*Wallaala waan dubbanneetif ormi kuffaaraa nama nama waan qabne gragaaru'utti isaan gorsuun, isin, kanatti nu gorsu'uun, jallina mul'ataa keessa jirtan , kan nama rabbiin hoo ngesse gargaaraa nuun jettan ... je'an. takkaa makgnaan isaa orma islaa rnatiitu orma kuffaaratiin, isin warra waan qabne gargaaruu didu'uun ja llina mul'ataa keessa jirtanje'e . ,

وَيَقُولُونَ مَتَىٰ هَٰذَا ٱلْوَعْدُ

*Ormi kuffaaraa qiyaaman nuun jettan yoorn dhaabbatti .yoorn qabri'ii kaafarnna

إِن كُنتُمْ صَٰدِقِينَ ﴿٤٨﴾

48} *Yoo kan dhugaa dubbattan taatan, je'an. Duuba rabbiin akki je'e:

مَا يَنظُرُونَ إِلَّا صَيْحَةً وَٰحِدَةً

*Waan biraa hin eegan afuuffaa garriii takkittii malee afuuffaa duraa, tan israafiil afuufu .

تَأْخُذُهُمْ

*Tan dingatatti isaan fuutu .

وَهُمْ يَخِصِّمُونَ ﴿٤٩﴾

49} *Isaanii wal moromu isaanii waan dalagan keessatti wal moromu kanneen waa bitan waan bitiii keessatti namuu dalagaa isatti gara galee aakhiraa dagatee. namuu bakkuma inni jirutti haalurna inni keessa jirutti qiyaaman itti dhaabbatti.isaanii ifirraa quban qabne .

فَلَا يَسْتَطِيعُونَ تَوْصِيَةً

*Duuba dhaammatuu hin dhaqqaban.

وَلَآ إِلَىٰٓ أَهْلِهِمْ يَرْجِعُونَ ﴿٥٠﴾

50}*Bakkajiranii gara warra isaanii hin deebi'anii achumatti duan ka magaalaa jiru magaalumatti kan nyaata afaan kaayatuuu deemu odoo afaan hin kaayanne. dhuman

وَنُفِخَ فِى ٱلصُّورِ

* Ammas eega bara afurtamaatii garriin Iamrneysa'aa ta qabriidha nama kaaftu afuufamtii

فَإِذَا هُم مِّنَ ٱلْأَجْدَاثِ

*Duuba isaan, qabriirraayi

إِلَىٰ رَبِّهِمْ يَنسِلُونَ ﴿٥١﴾

51} *Dafanii jarjaraan bayanii gara dirree qiyaama'a yaaan.

قَالُوا۟

*Warri kafare wanni je' u

يَٰوَيْلَنَا

*Yaa badii teenya .

مَنۢ بَعَثَنَا

*Eenyutu nu kaase

مِن مَّرْقَدِنَا ۜ

*Bakka ciisa keenyatii, qabrii teenyaa eenyutu nu kaase? jean rifatanii.maalif isaan hanga ammata afurtamaa ni rafanii azaaba hin agarree bakka hisaabatti kaaadhaa yaaaa jenna anin waan balleessan beekanii,azaabatti deemnaa beekanii , rifatanii maalumaatu nu kaase jean isaan warri kafaree.ammoo warri amane hin rifatuu ni gammada waan jannatatti yaanaa beekhaniif duuba hoggaa kuffaarri maaltu nu kaase jeu , ormi muminaa yookaa malaaykan wanni

isaanin jean.

هَٰذَا مَا وَعَدَ ٱلرَّحۡمَٰنُ *Qabriidhaa kaafamuun, kun waan Rabbiin nuu odeesse,kan karaa ergamootatiin nu gaye

وَصَدَقَ ٱلۡمُرۡسَلُونَ ٥٢ 52}*Kan ergamoonni Rabbii waan Rabbirraa nu odeessan hunda keessatti dhugaa dubbatan

إِن كَانَتۡ إِلَّا صَيۡحَةٗ وَٰحِدَةٗ *Duuba qabriii isaan kaasun iyyansuma tokkicha malee waan biraatii mitii iyyansi kun lallabbii israafiil warra qabriitti lallabu wanni inni jeuun: yaa lafee bubuute ,yaa humna adda babaate yoo rifeensa addan faca'e Rabbiin gara dirree qiyaamaaa deernu'utti isin ajaja jeeenii garrii lammeysaaa afuufaa dura lalabeeti afuufa yookaa eega afuufee lallaba .

فَإِذَا هُمۡ جَمِيعٞ لَّدَيۡنَا مُحۡضَرُونَ ٥٣ **53}***Duuba hundi isaanii nu biratti wal gayan. dirree qiyaama'aati dhaabbatan bakka itti gaafataman.

فَٱلۡيَوۡمَ لَا تُظۡلَمُ نَفۡسٞ شَيۡـٔٗا *Guyya kana {guyyaa qiyaama'aa} lubbuun takkalleen hin goda'amtu.

وَلَا تُجۡزَوۡنَ إِلَّا مَا كُنتُمۡ تَعۡمَلُونَ ٥٤ 54}*Waan dalaydan malee waan biraa hin mudattan yoo gaarii dalaydan, guyyaa qiyaama'aa gaarii mudattan yoo hamtuu taate hamtuu mudattan .

إِنَّ أَصۡحَٰبَ ٱلۡجَنَّةِ ٱلۡيَوۡمَ فِي شُغُلٖ *Warri jannataa guyyaa qiyaama'aa san, jaatanii qanani'ii keessajiran.

فَٰكِهُونَ ٥٥ 55} *Waan argataniin qananian yookaa rni'eeffatan waan warri kuffaaraa keessajiru,cinqii isaanii quban qaban, dalagaan warri jannataa itti jiru tan isi'ii je'anii waan biraa irraanfatan akka dubra jannataa tan rabbiin isaanii kenne balleessu'uuti, maalif warri jannataa hoggaa beera isaanitti dhaquu fedhan, isii dubratti deebiti argan. duuba isii xaliila qulqulluu dhiiga malee uran, ammallee muusiiqaa dhaggeefatan. Waan fedhan nyaatanii, dhuganii, waan rabbii isaanii kenne daaw'atan .

هُمۡ وَأَزۡوَٰجُهُمۡ *Warra jannataatifii warri isaanii,

فِي ظِلَٰلٍ
*Gaaddisa keessa jiraatan. waan aduunannata keessa hin jirreef.

عَلَى ٱلۡأَرَآئِكِ
*Isaanii sire'erratti .

مُتَّكِـُٔونَ ٥٦
56} *cicciqilfatan .

لَهُمۡ فِيهَا فَٰكِهَةٞ
*Warra jannataatif jannata keessa asheeta waa hundaa, kan addaan cineetu jira. Kan isaan irraan dhowwamne .

وَلَهُم مَّا يَدَّعُونَ ٥٧
57}*Ammallee waan hawwaniif hundaatu jannata keessa isaaniif jira.

سَلَٰمٞ قَوۡلٗا مِّن رَّبّٖ رَّحِيمٖ ٥٨
58}*Ammallee salaamtaa Rabbiin rahgmata qabu isaanin je'u jannata keessaa qaban {Salaamun kgalaykum} je'aanii . wanni sanirra warra jannatatti mi'aayu hin jiru. isaan gaafa rabbi arganii dubbii isaa dhagayan. gara biraa mil'atuu hin fedhan .

وَٱمۡتَٰزُواْ ٱلۡيَوۡمَ أَيُّهَا ٱلۡمُجۡرِمُونَ ٥٩
59}*Orma ku ffaarati in, dirree qiyaama'atti, wanni je'amu orma mu'rninaatin ad dabayaa sun hoggaa isaan isaanitti walitti makamanii

۞أَلَمۡ أَعۡهَدۡ إِلَيۡكُمۡ يَٰبَنِيٓ ءَادَمَ
*Yaa ilmaan aadam si an baallama isinirraa hin fuunnee? karaa ergamoota kiyyaatin an isin hin ajajnee.

أَن لَّا تَعۡبُدُواْ ٱلشَّيۡطَٰنَۖ
*Sheyxaana ibliis hin ibaadinaa, dubbii isaa hin dhagayinaa .

إِنَّهُۥ لَكُمۡ عَدُوّٞ مُّبِينٞ ٦٠
60}*Sheyxaanni xilaata yookaa diina keessan mul'ataa.

وَأَنِ ٱعۡبُدُونِيۚ
*Na ibaadaa, tokkummaa tiyya yaadaa, waanin an je'u dhagayaa,isiniin hin jennee?

هَٰذَا
*Na ibaadun, waanin an isiniin je'u dhageessanii, waan sheyxaanni je'u dhagayuu diduun.

صِرَٰطٞ مُّسۡتَقِيمٞ ٦١
**61}** *Karaa qajeelaa, diinaa diriiraa.

وَلَقَدۡ أَضَلَّ
*Sheyxaanni dhugumaan jallisee jira

مِنكُمۡ جِبِلّٗا كَثِيرًاۖ
*Isinirraa nama hedduu, khalqii hedduu.

62}*Si isin akka sheyxaanni diina keessan أَفَلَمْ تَكُونُوا۟ تَعْقِلُونَ ﴿٦٢﴾

taye akka inni isin jallisu, warra ifirraa beekhu taatanii hin amantanii? Isin yaa warra rabbitti kafare .. aakhira'atti wanni kuffaaran je'amu, hoggaa isaan qarqara boolla ibiddaa gayan .

63} *Ibiddi addunya'arratti isinitti himnee dhugo'oornsuu diddan kanaa. هَٰذِهِۦ جَهَنَّمُ ٱلَّتِى كُنتُمْ تُوعَدُونَ ﴿٦٣﴾

*Ar`a seenaa . ٱصْلَوْهَا ٱلْيَوْمَ

64} *Sababaa rabbitti kafartaniif. Rabbiin akki je'e: بِمَا كُنتُمْ تَكْفُرُونَ ﴿٦٤﴾

*Ar'a,guyyaa qiyaama'aa afaan warra rabbi moromee ni cufna.akka kan dubbanne goona .waan isaan afaanin kijibaniif ٱلْيَوْمَ نَخْتِمُ عَلَىٰٓ أَفْوَٰهِهِمْ

*Gaafas harka isaanitiitu nu dubbisa waan akkanaati dalage.je'ee. وَتُكَلِّمُنَآ أَيْدِيهِمْ

*Miilli isaanii ammallee humniti biralleen, ragaa itti baate. وَتَشْهَدُ أَرْجُلُهُم

65} *Waan isaan dalaguu turaniin humniti بِمَا كَانُوا۟ يَكْسِبُونَ ﴿٦٥﴾

hundi waan isiidhan dalage,dubbattee himti. wanni humniti isaanii ragaa isaanitti buutefkuffaaratu ollaan,gosti, ragaa itti baanan lubbuu teenyarraa yoo ragaan nuti baye malee.ragaa nama biraa hin qeeballu je'an. Hoggaa san rabbiin afaan isaanii qabee humniti isaanii raga itti baati, waan akkanaa, bakka akkanatti waytii akkanaa dalage jettee raga itti baati .

*Odoo feenee orma kuffaara san ni jamsina. akka waan agarre goona. وَلَوْ نَشَآءُ لَطَمَسْنَا عَلَىٰٓ أَعْيُنِهِمْ

*Duuba ka'anii karaa yaa'uudhaf wal doggoman. فَٱسْتَبَقُوا۟ ٱلصِّرَٰطَ

66}*Akkamitti karaa argan ? hin argan jechu' . فَأَنَّىٰ يُبْصِرُونَ ﴿٦٦﴾

*Odoo feene orma kuffaaraa san, suuraa isaanii bareedduu tana, jirj iirra jaldeessa goonee takkaa dhagaa goone, bakka jiranitti. وَلَوْ نَشَآءُ لَمَسَخْنَٰهُمْ عَلَىٰ مَكَانَتِهِمْ

*Yoo dhagaa isaan goone, yookaa miila jalaa fuune, ifirra gad tattaa'anii silaa if dura deemuu hin dandayan. فَمَا ٱسْتَطَٰعُوا۟ مُضِيًّا

وَلَا يَرۡجِعُونَ ٦٧
67} *If duubas deebi'uu hin dandayan ,dee-mu'uufii,dhufullee hin dandayan jechu'.

وَمَن نُّعَمِّرۡهُ
*Nama umrii isaa dheeressine.

نُنَكِّسۡهُ فِي ٱلۡخَلۡقِۚ
*Uumaa isaa gad gara galchina , ni irifna,

duuba eega abeenyatii,laafa.eega dardarumma'aatii,dullooma.hanga totorra'u-tti . hanga akka joolle'etti deebi'utti. waan beekku wallaalee. Kun warra anbi-yaa hin tayini. isaan odoo hangamuu, urnrii dheeratanille'ee, hin totorra'an, ulamaan, dhuga'aatis akkasi inumaa dhawaatumaan ayliin isaanii ida'arnti .

أَفَلَا يَعۡقِلُونَ ٦٨
6 8} *Si ormi kuffaaraa sun ,Rabbiin narna

sadarkaa takkarraa takkatti dabarsuu dandayu, warra du'e sadarka du'arraa .sadarkaa jiru'utti dabrasuu ni dhadhabaa ni hin dandayaa beekanii hin ama-nanii ? Ormi kuffaarraa nabi muhammad walaloo nutti fide jennaan rabbiin isaanirratti deebisee akki je'e

وَمَا عَلَّمۡنَٰهُ ٱلشِّعۡرَ
*Nuti nabi muhammad walaloo hin bar-siifne.

وَمَا يَنۢبَغِي لَهُۥٓۚ
*Walaloo je'uun, nabiif hin laaftu. Inillee walaloon isaan hin maltu .

إِنۡ هُوَ
*Wanni nabi Muhammad isinitiin dhufe, waan biraatii miti .

إِلَّا ذِكۡرٞ
*Zikriidha, gorsa ,

وَقُرۡءَانٞ مُّبِينٞ ٦٩
69}*Qur'aana heerafii waan birallee mu-I'isu ibsu.

لِّيُنذِرَ مَن كَانَ حَيّٗا
*Akka qur'aana kanaan, nama lubbuu, yo-okaa aylii qabu sodaachisee, akka amanu godhu'uuf warri jiraan, warra amanee,

وَيَحِقَّ ٱلۡقَوۡلُ عَلَى ٱلۡكَٰفِرِينَ ٧٠
70}*Akka kuffararratti murtiin raggaatuf isaan akka warra du'eetii dubbiin isa anii hin galtuu .

أَوَلَمۡ يَرَوۡاْ أَنَّا خَلَقۡنَا لَهُم مِّمَّا عَمِلَتۡ أَيۡدِينَآ
*Si ormi kuffaaraasun hin arguu , akka nuti , waan nuti dalayne isaanii jennee uumne ?

أَنۡعَٰمٗا
*Beyladaa { gala loon , re`ee , hoolaa }

فَهُمۡ لَهَا مَٰلِكُونَ ٧١
71}*Kan isaan waan san handhureeffatan .

وَذَلَّلۡنَٰهَا لَهُمۡ
*Kan waan uumne san isaanii laaffifnee, itti fayyadatuu dandayan ,

فَمِنْهَا رَكُوبُهُمْ

*Waan nuti isaanii uumne sanirraa gariin waan isaan yaabbatan, kan akka fardaa harre'ee, gaange'ee,

وَمِنْهَا يَأْكُلُونَ ﴿٧٢﴾

72}*Waan nuti isaanii uumne sanirraa nyaatan ,

وَلَهُمْ فِيهَا مَنَٰفِعُ

* Ammallee waan nuti uumne san keessaa faaydaa biraa hedduu qaban. kan akka goga'aa yookaa kal'oodha.

وَمَشَارِبُ

*Ammallee waan nuti uumne sanirraa dhugaatii qaban sun aananii.

أَفَلَا يَشْكُرُونَ ﴿٧٣﴾

73} *Si,waaqa waan san isaaniif kenneef galata hin galchanii .

وَٱتَّخَذُواْ مِن دُونِ ٱللَّهِ ءَالِهَةً

*Ormi kuffaaraa sun,kanuma rabbiin isaan uumee,waa hundaan isaan qananiise rabbi achitti asnaama{taabota}rabbi godhatanii ibaadan. yookaa gabbaran .

لَّعَلَّهُمْ يُنصَرُونَ ﴿٧٤﴾

74}*Sababaa sanama yookaa muka ibaadu'uutin gargaaramnee shafaa'aa isaatin ,azaaba rabbii jala nagaya baanaa kajeelu'uuf.

لَا يَسْتَطِيعُونَ نَصْرَهُمْ

*Wanni isaan rabbi godhatan sun, isaanii dirmattee, azaaba rabbii jalaa isaan baasuu hin dandeessu.

وَهُمْ

*Wanni isaan rabbi godhatan,asnaamni sun

لَهُمْ جُندٌ

*Ashkara isaaniti.waan nuu dirmatteeti, azaaba rabbii nurraa dhoowwitii yaadaniif takkaa kuffaarri ashkara asnaamati.isii khaddaman.

مُّحْضَرُونَ ﴿٧٥﴾

75} * Asnaamni isaan Rabbi godhatan sun kuffaaran wajji ibiddatti darbaman ,akka asnaamni sun qoraan ibiddaa taatee kuffaarri isiidhan gubatuuf.

فَلَا يَحْزُنكَ قَوْلُهُمْ

*Wanni kuffaarri je'u sin yaachisin, Waan isaan je'an itti dhiisi. wahittin hisaabinii.

إِنَّا نَعْلَمُ مَا يُسِرُّونَ وَمَا يُعْلِنُونَ ﴿٧٦﴾

76}*Nuti waan isaan suuta dhuysa'aan je'aniifii, waan isaan mul'isanii je'an hunda ni beeynaa, jazaa isaanii galchinaa.

أَوَلَمْ يَرَ ٱلْإِنسَٰنُ

*Si, namichi kaafiraa, kan eega duunee rabbiin nu kaasuu, nu jiraachisuu ,hin dandayu je'u sun,hin beynee

أَنَّا خَلَقْنَٰهُ مِن نُّطْفَةٍ

*Akka nuti bishaan karaa finchaanitiin, bayurraa isa uumnee, isa jabeessine.

فَإِذَا هُوَ خَصِيمٌ مُّبِينٌ ﴿٧٧﴾

77}*Kan eeguma akkasitti uumnee nu moromoo akkaan jabeessu, mul'isee, qabriidhaa hin kaafamnu je'ee .

وَضَرَبَ لَنَا مَثَلًا

*Namichi sun rabbiin qabriidhaa nun kaasuu je'urratti fakkeessa takka fide.

وَنَسِىَ خَلْقَهُۥ

*Uumaa nuti isa uumne kan rabbiin bishaan darre'erraa nama uume eega inni du'ee biyee tayee ni jiraachisaa nama garsiisu, irraanfatee dagatee wallaalee wanni je'e :

قَالَ مَن يُحْىِ ٱلْعِظَٰمَ وَهِىَ رَمِيمٌ ﴿٧٨﴾

78}*Eenyu namni lafee dhumte tana jiraachisu jee namni akkas je'e namicha tokko ka { kgaasii } ilma {wa a'il} je'amu .takkaa namicha tokko kan { Ubayyii } ilma { khalaf} je'amu. Wanni odeeffame namichi rabbi moromu sun,Iafee butitte ,fuudheti ,hurreessee, wanni na-bi muhammadiin je'e: rabbiin eega lafeen tun dhu mtee ,daaraa taatee, ni deebisaa, ni jiraachisaa, yaadaa je'een? jennaana nabi muhammad nageenyi isarrati haajiraatuu akki je'een: eeyee rabbiin lafee tee, tan akkanatti dhumtee daaraa taaterraa, si uumee, si deebisee, qabriidhaa si kaasee, ibidda si seensise je'een , duuba rabbiin aayata buusee nabiin muhammad akki je'e:

قُلْ يُحْيِيهَا ٱلَّذِىٓ أَنشَأَهَآ أَوَّلَ مَرَّةٍ

*Akka namicha saniin jettu nama lafee dhumte jiraachisu , baruu yoo feete; namni isii jiraachisu, isa duraan bishaanirraa uume. lafee lafe'erraa uumu'umoo lafee bishaanirraa uumu'uttu irra jabaata

وَهُوَ بِكُلِّ خَلْقٍ عَلِيمٌ ﴿٧٩﴾

79}*Rabbiin kan waan uumame hunda beekhu tokko tokkoofii,walii galattillee odoo wanni sun hin uumaminiifii, eega uumamtelIe'ee .

ٱلَّذِى جَعَلَ لَكُم مِّنَ ٱلشَّجَرِ ٱلْأَخْضَرِ نَارًا

*Rabbiin isa muka jiidhaa gurraacharraa ibidda isinii uurne.

فَإِذَآ أَنتُم مِّنْهُ تُوقِدُونَ ﴿٨٠﴾

80} *Kan isin ibidda sanirraa qabsiifattan kun waan dandeytii rabbii isin garsiisu, kan isarraa akka rabbiin nama du'e jiraachisuu dandayu beytan, rnaalif rabbiin bishaaniifii ibiddaafii mukha bakka takkatti walitti qabe, kan bishaan ibiddan dhaamsine, kan ibiddi muka hin gubne , dandeytin isaa, waa asii asii miti,

| | |
|---|---|
| *Si rabbiin sami'iifii dachiin guddoo tana uume, ol taanee | أَوَلَيۡسَ ٱلَّذِي خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضَ |
| *Nama xixiqqaa akka isaanii uumuu kan dandayu hin taane? | بِقَٰدِرٍ عَلَىٰٓ أَن يَخۡلُقَ مِثۡلَهُمۚ |
| *Rabbiin waan san uumu'urratti dandayaa | بَلَىٰ |
| 81}*Rabbiin kan akkaan waa uumuu heddommaatu, kan waa hunda beekhu | وَهُوَ ٱلۡخَلَّٰقُ ٱلۡعَلِيمُ ٨١ |
| *Dalagaan,yookaa dubbiin rabbii, hoggaa waa uumuu fedhe, | إِنَّمَآ أَمۡرُهُۥٓ إِذَآ أَرَادَ شَيۡـًٔا |
| *Waan uurnuu fedhu saniin taye je'aa. | أَن يَقُولَ لَهُۥ كُن |
| 82} *Wanni sun, uuma taate | فَيَكُونُ ٨٢ |
| *Qulqullummaan,ta isa ,mooturnaan waa hunda harka isaa jirtuuti. kan waa hundarratti dandeytii guutuu qabu | فَسُبۡحَٰنَ ٱلَّذِي بِيَدِهِۦ مَلَكُوتُ كُلِّ شَيۡءٖ |
| 83} *Du'aan aakhira'atti gara isaa deebitan | وَإِلَيۡهِ تُرۡجَعُونَ ٨٣ |

Suuran yaasiin tun, gatii guddoo qabdi, tanaaf jecha nabi muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu akki je'an: waa hundi qalbii qabdii, qalbi in qur'aanaa {YAASIIN} namni yaasiina hoggaa takka qara'e akka nama hoggaa kudhan qur'aana guutuu qara'etti rabbiin sawaaba isaaf kenna, narnni halkan yaasiin qara'e ,isaa,diliin isaa isaaf dhiifamte isaaf bariya je'an. Ammas nabiin akki je'an : nama duuti itti dhufte biratti {YAASIIN} qara'aa. ammas akki je'an yaasiinni waanuma isii, qara'aniif taati ,akkuma bishaan zamzam waanuma niyatanii dhuganiif tayu .. yoo nama du'atti jiru biratti niyyaa rabbiin shakharaata isarratti laaffisu'uutin qara'an rabbiin irratti laaffisa. Namni wadda'atee yaasiina qara'eerafee, hoggaa halkan keessa damaqe waan fedhu rabbi khadhate rabbiin irraa qeebala je'an